# LIDA Stories

lidastories.net

## Gara Noorweey dhufuu / Å komme til Noreg

✎ Aamiina
Julie Cornelia van Walsum
Muhammed Berisso (om), Espen Stranger-Johannessen (nn)

This work is licensed under a Creative Commons Attribution 4.0 International License.
https://creativecommons.org/licenses/by/4.0

## Gara Noorweey dhufuu

## Å komme til Noreg

✎ Aamiina
Julie Cornelia van Walsum
Muhammed Berisso

5

Afan Oromo om / nynorsk nn

Anii fi obboloonni koo lamaan Muddee 2016 gara Noorweey dhufne. Noorweey keessatti akkuma Somaaliyaatti hoo’a jenne waan yaanneef uffata ganna uffannee turre. Haata’u malee, buufata xiyyaaraa yommuu geenyu, qorri bu’aa ture. Qorrinee turre akkasumas qilleensi ni qorra ture. Boorsaa muraasa fidne ta’us, uffata gannaa qofa of keessaa qabu turan.

. . .

Dei to brørne mine og eg kom til Noreg i desember 2016. Vi hadde på oss sommarklede fordi vi trudde det ville vere like varmt i Noreg som i Somalia. Men då vi kom til flyplassen, snødde det. Vi fraus og vêret var kaldt. Sjølv om vi hadde med oss nokre koffertar, inneheldt dei berre sommarklede.

Qorra ta’us, gara Noorweey yommuu dhufnu baay’een gammade. Dhumarratti haadha koo ishee waggaa jahaaf hin argine deebisee wal arge. Haati koo fi hiriyyoonni ishee lama nu qunnaman. Yeroo ishee arginu gammachuudhaan boonne. Konkolaataa keenyaan gara magaalaa xinnoo haarmeen jiraattutti deemne.

. . .

Sjølv om det var kaldt, var eg veldig glad då vi kom til Noreg. Eg kunne endeleg møte mamma att, som eg ikkje hadde sett på seks år. Mamma og to av venninnene hennar møtte oss. Då vi møtte mamma att, gret vi av glede. Mamma bur i ein liten by, så vi køyrde dit.

Guyyoonni jalqabaa magaalaa Harmeen keessatti jiraattuu baayyee kan hin baramne turan. Qabbanaa fi qorri waan tureef waan baay'ee arguu hin dandeenne. Daandiiwwan guutummaatti duwwaa turan. Namoonni muraasni ani wal arge qorraa fi michuu hin qabne natti fakkaatu turan. Somaaliyaa keessatti bakka hundatti namoonni waan jiraniif, asitti wanti hundi akka hin baramne natti dhaga'ame. Haati koo fi hiriyyoonni ishee kennaa tokko tokko nuuf kennanii, achiis uffata qorraa bitachuuf nu fudhattee deemte.

. . .

Dei første dagane i byen til mamma var veldig merkelege. Det var kaldt, det snødde og det var lite å sjå. Gatene var heilt folketomme. Dei få personane eg møtte, verka kalde og uvennlege. I Somalia er det folk overalt, så alt kjendest uvant her. Mammaa mi og venninnene hennar gav oss gåver, og ho tok oss med for å kjøpe vinterklede.



Osoon Somaaliyaa keessa turee silaa ammatti haadha ta'ee natti fakkaata. Tarii duraanuu ijoollee hedduu qaba ture. Osoo Somaaliyaa keessa jiraadhee carraa amma argadhe hin argadhu ture. Noorweey keessa jiraachuun koo carraa akka ta'e natti dhagahama.

. . .

Viss eg framleis hadde budd i Somalia, hadde eg kanskje vore mor no. Kanskje eg hadde fått mange barn allereie. Viss eg hadde vore i Somalia, ville eg ikkje hatt dei same moglegheitene som eg har fått no. Eg føler meg heldig som bur i Noreg.

Bara dhufu kutaa fayyaa fi misooma dargaggoota keessatti barnoota sadarkaa lammaffaa nan eegala. Gara fuulduraatti hojjetaa dargaggoo ta’uu barbaada. Yeroon barnoota koo xumuru abjuun koo hojii dhaabbataa argachuudha. Akkasumas akkaataa konkolaataa itti oofamu barachuu fi hayyama konkolaachisummaa koo argachuu barbaada.

. . .

Neste år skal eg byrje på helse- og oppvekstfag på vidaregåande skule. I framtida vil eg bli barne- og ungdomsarbeidar. Når eg er ferdig med utdanninga mi, drøymer eg om å få meg ein fast jobb. Eg vil òg lære å køyre bil og ta førarkort.



Ayyaana ayyaana masqalaa booda koorsii afaan Noorweey wiirtuu barnoota ga’eessotaa keessatti kennamutti makame. Mana barumsaa idilee tokko jalqabuu koo dura waggaa lamaaf achitti baradhe. Amma waggaa dhumaa irra jira, michoota haaraa hedduu horadheera. Namaan walii galuu fi namoota biroo wajjin wal arguun baay’ee na gammachiisa.

. . .

Etter juleferien byrja eg på norskkurs på vaksenopplæringssenteret. Eg gjekk der i to år før eg byrja på ein vanleg skule. No går eg siste året, og eg har fått mange nye venner. Eg er veldig sosial og eg er glad i å møte andre.

Barnoota booda gara giddugala tola ooltotaan geggeeffamu dhaqee hojii manaa koo irratti gargaarsa argadha. Giddugalichatti koorsii huccuu hodhuus itti makameera.

. . .

Etter skulen drar eg til Frivilligsentralen for å få hjelp med leksene. Eg har òg byrja på eit sykurs der.



Somaaliyaa keessatti mana barumsaa Qur'aana malee mana barumsaa dhaqee ykn koorsii tokkollee fudhee hin beeku. Akkamitti akka dubbisuu fi barreessu hin beeku ture. Amma akkaataa itti barreessan afaan Somaalee fi Noorweey tiin baradheera, akkasumas gosoota barnootaa biroo hedduu baradheera. Barnoota malee nama akkan hin taane natti dhaga'ame. Amma beekumsaa fi gammachuun natti dhagahama.

. . .

I Somalia fekk eg aldri moglegheit til å gå på skule eller ta eit kurs, bortsett frå koranskule. Eg kunne ikkje lese eller skrive. No har eg lært å skrive på både somali og norsk, og mange andre fag. Utan utdanning følte eg at eg ikkje var nokon. No føler eg meg kunnskapsrik og glad.